Barnoota Dhaweessummaafi Teekinikaa Kitaaba Barattootaa

Kutaa 8

Qopheessitoota:

Abdulqaadir Amaan

Bulbuluu Zawudee

Getaachoo Girmaa

Gosaa Girmaa

Tashoomaa Gammachuu

Gulaalaa Qabiyyee:

Gadaa Misgaanuu

Giraafiksii:

Taaddasaa Dinquu

Fakkibsa:

Buzaayyoo Girmaa

Biiroo Barnootaa Oromiyaa, 2016/2024

Kitaabni kun Walta'iinsa Biiroo Barnootaa Oromiyaafi Waldaa Antarpiriinaroota Shaggariin Qophaa'e.

Mirgi abbeentaa kitaaba kanaa seeraan eegamaadha. Kitaaba kana hayyama Biiroo Barnootaa Oromiyaatiin ala guutumma-anis ta'e gamisaan maxxansuufi baay'isanii raabsuun seeraan nama gaafachiisa.

Baafata

Qabiyyee **Fuula**

BOQONNAA 1: DAGAAGINA GA'UMSA DHAWEESSUMMAA...1

1.1. Bu'uura Dhawweessummaa. 1

1.2. Ga'umsawwan Dhaweessummaa 4

1.3. Gufuuwwan Dhaweeyyii Mudachuu Danda'an.....8

1.4. Saamuda Oomishaa Dhiyeeffachuu.....11

BOQONNAA 2: TEEKNOOLOOJIIFI DHAWEESSUMMAA.....12

2.1. Ittifayyadama Teeknooloojii 12

2.2. Gahee Teeknooloojiin Dhaweessummaa Keessatti Qabu.....15

2.3. Ittifayyadama Teekonooloojii Qunnamtii Odeeffannoo. 18

BOQONNAA 3: DHAWEESSUMMAAFI BEEKUMSA XABBOO.....21

3.1. Hiika Dhaweessummaa Aadaa 21

3.2. Faayidaalee Dhaweessummaa Aadaa.....25

3.3. Amaloota Dhaweeyyii Aadaa.....26

3.4. Dhaweessummaa Aadaafi Carraalee Hojii.....28

BOQONNAA 4: WALDHABDEE HIIKUU.....33

4.1. Waldhabdee Iddoo Hojiitti Uumaman. 33

4.2. Tooftaalee Waldhabdeen Ittiin Hiikamu 35

4.3. Hojjettoota Sissi'eessuu 38

4.4. Fakkeenya Ta'uun Gaggeessuu 40

BOQONNAA 5: PIROOJEEKTII QOPHEESSUU.....45

5.1. Piroojeektii Biizinasii.....45

5.2. Barbaachisummaa Piroojeektii Biizinasii 46

5.3. Qabiyyee Piroojeektii Biizinasii 48

BOQONNAA 1

DAGAAGINA GA'UMSA DHAWEESSUMMAA

Bu'aalee Barachuu

Xumura boqonnaa kanaatti:

- bu'uura dhaweessummaa nihubatta;
- ga'umsoota dhaweeyyiin milkaa'oo qaban nihubatta;
- gufuuwwan dagaagina ga'umsa dhaweessummaa keessatti mudachuu danda'an adda nibaasta;
- oomisha filatteef saamuda niqopheessita.

1.1. Bu'uura Dhawweessummaa

Ga'umsa yoo xiqqaate gonfatamuu qabu:

- wantoota dhaweessummaaf bu'uura ta'an ni ibsita.

Gaaffii hubannoo

Dhaweeyyii beekamoo naannoo keetti argamaniif maaltu ka'umsa ta'e jettee yaadda?

Dhaabbata oomisha bunaa

Naannoo oomishni bunaa itti beekamu tokkotti qonnaan bultoonni hedduu ta'an oomisha bunaa irratti bobba'anii turan. Haata'u malee bu'aan oomisha kanarraa dhuunfaan argatan xiqqaa ture. Kanaafis, buna hindhiqamiin gabaatti dhiyeessuu, maashina buna calleessufi qaama baay'inaan irraa bitu dhabuun rakkoolee ijoo turan. Kanarraa ka'uudhaan walitti dhufuun garee uumanii hojii kana karaa bu'aa qabeessa ta'een hojjechuuf murteessan.

Gaaftokko qotee bultoonni kunneen garee sadiitti qoodamanii rakkoo kana furuuf mari'achuu eegalan. Akkaatuma fedhii isaaniitiin, gareen tokko buna oomishuun, kan lammaffaa warshaa buna dhiqu banuun, kan sadaffaa buna qulqullaa'e gabaa biyya keessaafi alaaf dhiyeessuuf waliigaluun karoorfatanii kutannoon hojii eegalan.

Haata'u malee, hanga gabaan isaanii sadarkaa biyya keessaafi alaatti beekkamtii argatee babal'atutti akkaataa karoorfataniin bu'aa argachuu hindandeenye. Waggoottan muraasa booda garuu rakkoolee hojiirratti isaan mudachaa ture hundaa tooftaa ittiin dandamatan gabbifachuun neetwoorkii isaanii cimsanii gara bu'aa qabeessummaa olaanaatti dhufuu danda'aniiru.

Gocha 1.1

1. Gareewwan kanarraa maal baratte?
2. Haalota mijaa'oo naannoo keessanitti argaman irratti hundaa'uun hojii biizinasii akkamii hojjechuun akka danda'amu gareen irratti mari'achuun yaada keessan ibsaa.
3. Akaakuuwwan hojii biizinasii naannoo keessanitti argaman keessaa kanneen walitti dhufeenya qaban adda baasuun tarreessaa.

Hojiin dhaweessummaa yaada maddisiisuu, waakalaquu, hariiroo gaarii uumuu-fi hojii ofii beeksisuu ofkeessatti hammata. Kunis, hojiilee oomisha nyaataafi dhugaatii, uffataa, meeshaalee manaafi kanneen kana fakkaatan ta'uu danda'u. Akkasumas, tajaajiloota akka yaala fayyaa, barnootaa, gorsaafi tajaajiloota birootis nidabalata.

Hojiin dhaweessummaa keessatti biizinasii hojjechuuf fedhii horachuu, kaka'umsa qabaachuufi haala naannoo beekuun barbaachisaadha. Akkasumas, ofitti amanamummaa qabaachuu, haalota mijataa jiranitti fayyadamuufi rakkoolee uumamaniif fala kennuu danda'udha. Dabalataanis, kanneen akka: haala qilleensa naannoo ittifayyadamtoota oomishaa, bu'uuraalee misoomaafi kanneen kana fakkaatan adda baasuun hojii biizinasiif murteessoodha.

Projeektii 1.1

Gaaffilee asiin gaditti dhiyaatan deebisuun calaqqee isaa dareef dhiyeessi.

Qabxiilee xiyyeeffannoo	Ibsa gabaabaa
1. Hojii akkamii hojjechuu barbaadda?	
2. Hojicha filachuuf maaltu sikakaase?	
3. Beekumsa, dandeettiifi humna hojichaaf barbaachisu qabdaa?	
4. Haalli naannoo hojichaaf mijataa ta'e maal fa'atu jira?	
5. Hojiin filatte fudhatamaa qabaa?	
6. Bu'uuraaleen misoomaa mijatoon jiruu?	

1.2. Ga'umsawwan Dhaweessummaa

Gahumsa yoo xiqqaate gonfatamuu qabu:

- Ga'umsawwan dhaweessummaa adda nibaafatta.

Gaaffii hubannoo

- Hojiin biizinasii tokko akka dagaaguuf maal fa'atu taasifamuu qaba jettee yaadda?

Karaalee ga'umsawwan dhaweessummaan ittiin dagaagu kudhantu jiru. Isaaniis akkaataa asii gaditti dhiyaataniin ibsamanii jiru.

Galma kaawwachuu: hojii biizinasii keessatti karoora yeroo gabaabaafi dheeraa baafachuun galma kaawwachuun barbaachisaadha. Akkasumas, raawwii hojii biizinasii tokko madaalaa deemuuf galmi hojichaa bu'uuradha.

Odeeffannoo barbaaduu: Odeeffannoon milkaa'ina hojii biizinasiif wantoota murteessoo ta'an keessaa isa tokkodha. Hojii oomishaafi kenna tajaajilaa keessatti haala gabaa qorachuuf, beekumsafi dandeettii gabbifachuuf, hariiroo daldala keessatti taasifamu babal'isuufi kan kana fakkaataniif odeeffannoo gahaa qabaachuun barbaachisaadha.

Tooftaan karoorsuufi to'achuu: tooftaan karoorsuu fi to'achuun hojii bizinasii tokko keessatti maaltu akka hojjetamu, eenyuun akka hojjetamu, yoom akka hojjetamu, haalota gufuuwwan uumamuu danda'an ittiin furamaniifi kanneen kana fakkaatan beekuufi to'achuuf gargaara.

Mantagoo (Neetwoorkii) uumuu: Mantagoo jechuun hariiroo namoonni bu'aa waloof waliin hojjetan uumataniidha. Fakkeenyaaf: Namni hojii bizinasii

keessa jiru tokko hanguma namoota baay'ee waliin walbaraa deemu oomshni, daldallifi tajaajilli gama nama sanaatiin kennamu beekamaa deema. Mantagoon akkasii bal'achuun isaa abbaa tajaajila kennuufis ta'ee kan tajaajilamuuf faayidaa guddaa qaba. Mantagoon uumamu kunis kanneen asiin gadii ta'uu danda'a.

Mantagoo hiriyaa: dhaweessummaa keessatti hiriyoota jechuun kanneen hojii walfakkaataa irratti bobba'aniifi muuxannoo walii qooduu danda'anidha.

Mantagoo gorsaa: gorsaan nama muuxannoo dhaweessummaa olaanaa qabudha. Innis, hanqinoota hojiirratti mul'ataniifi maloota ittiin furaman kan eerudha. Akkasumas, odeeffannoo haala gabaa kennuufi jijjiirama jiru irratti yaada kan dhiyeessuudha.

Mantagoo hawaasaa: hariiroon hawaasummaa hojii bizinasii keessatti maamila baay'ifachuuf bakka olaanaa qaba. Dhaweessi tokko hanga danda'ametti namoota waliin hariiroo gaarii qabaachuufi yaada kennamu dhaggeeffachuun fedhii maamilootaa guutuu qaba. Adeemsi kunis dagaagina dhaweessummaa keessatti gahee olaanaa taphata.

Mantagoo bittaafi gurgurtaa: mantagoon bittaafi gurgurtaa wantoota biizinasichaaf barbaachisan bituufi oomisha biizinasicha irraa argamu gurguruuf gargaara. Kuniis addaan ciccitinsi hojii akka hin uumamneefi oomishni gabaa dhabuun kisaaraan akka hinmudanne taasisuuf gargaara.

Ofdanda'uufi Ofittamanamummaan hojjechuu: ofdanda'uun hirkattummaa tokko malee hojii ofii gaggeessuudha. Akkasumas, rakkoolee hojii keessatti uumamaniifis ittigaafatamummaa fudhachuu danda'uu dabalata. Gama birootiin, ofittiamanamummaan immoo miira nan danda'a

jedhuun hojjechuu agarsiisa.

Haala mijaawaa barbaaduu: milkaa'ina hojii biizinasii keessatti wantoota xiyyeeffannoo barbaadan keessaa haala mijaa'aa barbaaduun isa tokkodha. Haalonni kunis, dandeettii dhaweessi tokko qabuufi mijaa'ummaa naannoo hojii ofkeessatti kan hammatanidha.

Cichoominaan hojjechuu: hojii gaggeeffamu keessatti gufuuwwan garagaraa mudachuu danda'u. Kana furuufis dursanii fuulduratti rakkoo uumamuu danda'u yaaduun fala isaarratti karoorfachuun murteessaadha. Rakkoon kamuu fala qaba jedhanii yaaduun cichoominaan hojjechuuf gargaara.

Kutannoon hojjechuu: Kutannoon hojjechuun hordoffii hojii keessatti taasifamuufi milkaa'ina hojichaatiif gomaacha qaba. Kunis, bu'aa qabeessummaa hojichaatti amanuu, akkaataa karoorfameen raawwii isaa madaalaa deemuufi ittigaafatamummaa fudhachuun gaggeessuu gaafata.

Qulqullinaafi bu'aa qabeessummaa: qulqullinni oomishaa yookiin tajaajila kennamu tokkoo akkaataa garagaraan safaramuu danda'a. Kanneen keessaas, tajaajila yeroo dheeraa kennuu danda'un, fayyaa namootaa irratti rakkoo kan hin uumne ta'uufi kaayyoo barbaadamuuf ooluu danda'uun isaan ijoodha. Kunis maamila harkisuufi bu'aa barbaadamu yeroo gabaabaatti akka argamu taasisa.

Rakkoolee mudatan dandamachuuf ofqopheessuu: hojii biizinasii keessatti rakkoowwan garagaraa mudachuu danda'u. Rakkoolee mudatan kanneen furaa deemuun murteessaadha. Kunis hojiin karoorfame akka addaan hincinneefi kufaatiif akka hinsaaxilamneef gargaara.

Biizinasii Gurmeessaa

Gurmeessaan ijoollummaa isaatii kaasee maashina buna calleessu yookiin shuqulu bitatee daldala bunaa hojjechuuf hawwa ture. Haata'u malee, maatiin isaa harka-qalleessa waan ta'aniif, maashina kana bitachuun itti ulfaate. Inni garuu, maallaqa ka'umsaa qabaachuu baatullee maashina kana bitachuu akka danda'u shakkii hinqabu ture. Hawwii isaa kana dhugoomsuuf hojii humnaa hojjetee maallaqa argachuu eegale. Naannoo hojii humnaa hojjetu kanatti lafa qonnaa bal'aa lolaan biyyee irraa dhiqee mancaase arge. Lafa kana kunuunsee gabbisuun misoomaaf oolchuun akka danda'amu yaade.

Gurmeessaan waggaa tokko hojjachuun maallaqa xiqqoo erga walitti qabatee booda, laficha lolaan mancaase sana buna irra dhaabuuf abbaa lafaa waliin waliigaltee waggaa 10 mallatteesse. Lafa kana kunuunsee gabbisuun buna dhaabuu eegale. Buna jalatti immoo, biqiltoota yeroo gabaabaatti oomisha kennaan akka boloqqee, raafuufi qullubbii oomishuu jalqabe. Galii oomisha kanneen irraa argatu baankiitti qusachuu eegale. Yeroo muraasa booda, yaada daldalaa qabu ogeeyyii baankiif ibsuun haala liqaa itti argachuu danda'u gaafate. Isaanis, karoora daldalaa dhiyeeffachuun 20% yoo qusate, 80% liqeefffachuu akka danda'u itti himan.

Kanarraa ka'uun, maallaqa dhibbeentaa 20% qusachuun karoora daldalaa qopheeffachuun baankichaaf dhiyeesse. Gurmeessaanis, haala maallaqa liqqeeffate ittideebisuu danda'uufi yoo deebisuu dadhabe maaltu akka isa mudatu mari'achuun maallaqicha fudhate. Maallaqa liqeeffate kanaan maashina bitatee buna calleessuu eegale. Bu'aa hojii kanarraa argamurraa qusachaa kaaniin maallaqa liqeeffate waggaa muraasa keessatti ofirraa kaffalee xumure. Maallaqa qusachaa tureen maashinoota dabalataa bituun hojii daldalaa isaa babal'isuun naannoo sanatti daldalaa beekamaa ta'e.

Gocha 1.2

1. Ga'umsawwan dhaweessummaa seenessa kana keessatti mul'atan adda baasuun ibsi.
2. Seenessa kanarraa maal baratte?

1.3. Gufuuwwan Dhaweeyyii Mudachuu Danda'an

Gahumsa yoo xiqqaate gonfatamuu qabu:

- gufuuwwan dhaweeyyii mudachuu danda'an adda nibaafatta;
- gufuuwwan biizinasii keessatti simudataniif furmaata nikennita.

Gaaffii hubannoo

- Hojii biizinasii tokko maal fa'atu gufachiisuu danda'a? Akkamiin furama?

Biizinasii Dureettii

Dureettiin magaala tokko keessatti mana kireeffattee buna danfistee gurguruun beekamti ture. Gaaftokko abbaan mana irraa kireeffatte manicha hojiif akka barbaadu ittihime. Isheenis, yeroo muraasaaf hojii dhaabuun mana biroo naannawa sanaa barbaaduu ittifufte. Osuma barbaadaa jirtuu gamoo ijaarsi isaa addaan citee hojii malee taa'aa jiru agarte. Abbaa gamoo sanaa barbaaduun waan ishee mudate ittihimuun akka kireessuuf gaafatte. Innis hanga hojii ijaarsichaa ittifufutti, gatii xiqqaan akka ittifayyadamtu hayyameef.

Akkuma bakka sanatti hojii eegalteen maamiltoonni qulqullina buna ishee waan beekaniif gara isheetti dhufuun fayyadamuu ittifufan. Turtii waggoottan

muraasaan booda bu'aa argachaa turte walitti qabuun gamoo ijaaramee xumurame kana kireeffachuun mana bunaa guddaa banattee hojjechuuf gahumsa horachuu dandeesseetti.

Gocha 1.3

1. Seenessa Dureettii irraa maal hubatte?
2. Hojii biizinasii naannoo keessanitti argaman gufuuwwan keessaafi alaa hojicha mudachuu danda'an ibsi.

Hojiiwwan biizinasii tokko rakkoolee keessoo fi alaatiin gufachuu danda'a. Gufuuwwan keessoo rakkoolee humna namaa, meeshaaleefi hoggansaan kan walqabatan ta'uu danda'u. Rakkooleen beekumsaafi gahumsa humna namaa waliin walqabataan mariifi leenjiiwwan garagaraatiin furamuu danda'au. Akkasumas, rakkooleen meeshaalee hojii wajjiin walqabatan meeshaalee hojichaaf barbaachisan haaromsamuufi suphamuun furamuu danda'u.

Gama biraatiin, gufuuwwan alaa kan ta'an immoo kanneen akka:

- jijjiirama haala gabaa
- rakkoo dhiyeessiifi bittaa
- haala nageenya naannoo
- jijjiirama qooda fudhattoota maayikiroo faayinaansiifi kanneen kana fakkaatan ta'uu danda'u.

Gufuuwwan hojii biizinasii keessatti uumaman hundumaa tooftaalee garagaraa fayyadamuun furuun murteessaadha.

Piroojektii 1.2

Biizinasiiwwan naannoo keessanitti argaman daawwachuun gufuuwwan keessoofi alaa hojicha keessatti isaan mudataniifi tooftaalee ittiin furanis gaafadhaa. Deebii kenname irraa ka'uun sirrummaa tooftaalee to'annoo isaan gargaaramanirratti calaqqee dhiyeessaa.

1.4. Saamuda Oomishaa Dhiyeeffachuu

Gahumsa yoo xiqqaate gonfatamuu qabu:

- saamuda oomishalee adda addaa niqopheessita.

Gaaffii hubannoo

Dhaweessi oomisha midhaanii irratti bobba'e tokko bitattootaaf akkamiin saamuda isaa dhiyeessa?

Dhaweeyyiin meeshaalee adda addaa oomishuun gurgurtaaf dhiyeessuun dura saamuda oomisha hojjachuun agarsiisuufi beeksisuu qabu. Fakkeenyaaf: dhaabbanni teessoo barattootaa mana barumsaatiif dhiyeessuuf waliigalan tokko jalqaba teessoo tokko akka saamudaatti hojjetee agarsiisuun kanneen hafanis bifuma sanaan kan dhiyeessuu ta'a.

Saamudni yommuu dhaabbanni tokko meeshaalee isaa beeksisuu barbaaduufi qaamni oomisha barbaadu gaafatu dhiyaachuu danda'a. Yeroo ammaa, miidiyaaleen hawaasaa dhiyeessii saamudaaf haala mijeessuu keessatti shoora olaanaa qabu.

Gocha 1.4

Oomishaalee naannoo keetitti gurgurtaaf dhiyaatan keessaa bifa saamudatiin dhiyaachuu kan danda'an maal fa'a?

BOQONNAA 2

TEEKNOOLOOJIIFI DHAWEESSUMMAA

Bu'aalee Barachuu

Xumura boqonnaa kanaatti:

- gahee teeknooloojiin biizinasii keessatti qabu adda nibaafatta;
- ergaawwan miidiyaalee adda addaatiin daddarban nimadaalta;
- teeknooloojii dhaweessummaa keessatti hojiirra ni olchita.

2.1. Ittifayyadama Teeknooloojii

Gahumsa yoo xiqqaate gonfatamuu qabu:

- faayidaalee meeshaaleen teeknooloojii jireenya dhala namaa keessatti qaban ni ibsita;

Gaaffilee Hubannoo

1. Namootni bara durii odeeffannoo akkamiin waliif dabarsaa turan? Yeroo ammaahoo?
2. Fakkiiwwan asiin gadii ilaaluun faayidaalee isaaniirratti gareen mari'achuun daree keessatti waliif ibsaa.

Teeknooloojiin meeshaalee, maashinootaafi sirna rakkoo furuuf kalaqamedha. Kunis, hojii salphisuun jireenya ilma namaa fooyyessuun bu'aa guddaa kenna. Meeshaaleen teeknooloojii hedduutu jiru. Isaan keessaa muraasni: bilbila, taabileetii, kompiitara, roobootii, maashinoota adda addaafi kanneen kana fakkaataniidha.

Faayidaawwan meeshaalee teeknooloojii

Meeshaaleen teeknoolojii faayidaawwa hedduu qabu. Isaan keessaa muraasni akka asiin gadiitti ibsamanii jiru.

Bilbila/mobaayila: ergaawwan sagaleefi barreeffamaa erguufi fudhachuu; suuraa kaasuufi viidiyoo waraabuu; muuziqaa dhaggeeffachuufi kanneen kana fakkaataniif oola.

Kompiitara: hojiiwwan akka tajaajila barreeffamaa; ragaalee adda addaa kuusuu; ragaalee xiinxaluu; dizaayiniifi giraafiksii hojjachuufi interneetit-ti fayyadamuuf gargaara. Kana malees, hojii biizinasii deeggaruu; tajaajila

wal'aansa yaalaa; hojii qonnaa hammayyeessuufi industiriiwwan adda addaa keessatti hojii daran saffisiisuufi kanneen kana fakkaataniif tajaajila.

Roobootii: hojiiwwan adda addaa raawwachuuf gargaara. Yeroo baay'ee haalota balaa geessisaniifi rakkisaa ta'e niraawwata. Akkasumas, warshaalee adda addaa; eegumsa fayyaa, qonnaafi hojii guyyuu kan akka qulqulleessuu, nyaata bilcheessuufi kanneen kana fakkaatan raawwachuun tajaajila kenna.

Intarneetii: karaalee imeeliin, miidiyaalee hawaasaafi waltajjiiwwan viidiyoo konferansiitiin odeeffannoo wayitawaa argachuuf tajaajila. Akkasumas, hojiiwwan kanneen akka bittaa toora intarneetii, baankii, bashannanaafi kanneen kana fakkaataniif faayidaa olaanaa qaba.

Walumaagalatti, intarneetiin namoota walitti fiduuf, odeeffannoofi tajaajila adda addaa argachuuf gargaara. Dabalataanis, kalaqaafi hojiiwwan jireenya guyyuu gageessuufi guddina hawaasaatiif gahee murteessaa qaba.

Gocha 2.1

1. Teeknooloojiitti gargaaramuu keetiin faayidaalee akkamii argatte?
2. Faayidaaleen teeknooloojiin quunnamtii jireenya dhala namaa keessatti qabu tarreessi.
3. Teeknooloojiin biizinasii keessatti gahee akkamii qaba?

2.2. Gahee Teeknooloojiin Dhaweessummaa Keessatti Qabu

Gahumsa yoo xiqqaate gonfatamuu qabu:

- gahee teeknooloojiin kalaqa, guddinaa biizinasiifi dorgommii hojii dhaweessummaa keessatti qabu ni ibsita;
- teeknooloojiiwwan biizinasii uummachuu, maamiltoota horachuufi galii guddisuuf gargaaran adda nibaafatta;

Gaaffii hubannoo

Teeknooloojiin barnoota, daldala, qonna, fayyaafi qunnamtii odeeffannoo keessatti gahee akkamii qaba?

Teeknooloojiin biizinasii hundeessuufi guddisuu keessatti gahee ol'aanaa qaba. Kunis: oomishtummaa dabaluu, kalaqa jajjabeessuu, maamiltoota hedduu horachuufi carraalee hojii uumuu keessatti shoora ol'aanaa taphata.

Biizinasii Galgaloofi Waaritee

Galgaloofi Waariteen magaalaa tokko keessatti daldala Daabboofi Keekii mataa isaaniirratti bobba'anii jiraatu turan. Galgaloon hojii isaatiin nan milkaa'a jedhee abdatus; akka yaadetti maamiloota argachuufi oomisha isaa dabaluu hindandeenye. Kanarraa ka'uun, tooftaalee namoota baay'ee bira ittiinga'u barbaaduu eegale. Miidiyaalee hawaasaa fayyadamuun oomisha isaa beeksisuufi weebsaayitii maamiltoonni salphaatti ajaja itti kennan banatee hojii ittifufe. Sana booda, dhiyoofi fagoorraa maamiltoota haaraa horachuu danda'e. Itti aansuun, kallattiin ajaja fudhachuufi bakka maamiloonni jiraniifi barbaadanitti oomishalee isaa geessuu eegale. Kanarraa kan ka'es, daldalli Galgaloo saffisaan guddachaa dhufe; milkaa'ina guddaas argateera.

Gama biraatiin, Waariteen mala aadaatiin daldala hojjechuutti amanti. Teeknooloojii haaraatti fayyadamuuf xiyyeeffannoo hinkennitu ture. Ajaja waraqaafi bilbilaan fudhachuufi beeksisa afaanii irratti hirkachuun hojii ishee ittifufe. Haata'u malee, yeroon dheeraa booda daldalli ishee gadibu'aa akka dhufeefi maamiltoonni xiqqaachaa akka jiran hubatte.

Gaaftokko, Waariteen mana Daabboofi Keekii Galgaloo daawwachuun sadarkaa daldalli isaa irra jiruufi ga'umsa inni ittiin hojjetu ajaa'ibsiifatte. Galgaloonis, daldala keessatti teeknooloojii fayyadamuun isaa milkaa'ina kanaaf akka isa gargaare ibseef. Isheenis, kaka'umsa argachuun daldala mataa isheerratti jijjiirama tokko tokko gochuuf murteesse. Miidiyaalee hawaasaatti fayyadamuu eegalte. Weebsaayitii mataa ishee banattee ajaja fudhachuufi daldalashee beeksisuu ittifufe. Yeroo muraasa booda, daldala isheerratti fooyya'iinsa arguu jalqabde. Maamiltoonnis toora interneetii qophaa'etti gargaaramuun tajaajila barbaadan argachuu danda'an. Daldalaafi gurgurtaan Daabboofi keekii isheetis dabaluu jalqabe. Waariteenis guddinaafi ittifufiinsa daldala isaatiif teeknooloojiitti fayyadamuun barbaachisaa ta'uu hubate.

Gocha 2.2

1. Daldala galgaloo keessatti rakkoon dura ture maali? Rakkinicha akkamiin furachuu danda'e?
2. Daldala Waariteefi Galgaloo gudduutti garaagarummaa kan fide maali?
3. Daldala Galgaloofi Waaritee irraa maal hubatte?
4. Naannoo keetti hojii biizinasii gaggeeffamaa jiru keessaa tokko filachuun itti fayyadama teeknooloojii akkamiin caalatti guddachuu akka danda'u irratti yaada kee ibsi.

Teeknooloojiin dhalli namaa jireenya fooyya'aa akka jiraatu deeggaruu keessatti shoora bal'aa taphata. Kunis, addunyaa walbarsiisuun rakkoolee jiruuf jireenya dhala namaa keessatti mudatan furuuf gargaara. Akkasumas, dagaaginni teeknooloojii haala addunyaafi jireenya dhala namaa jijjiiraa deemuu keessatti gahee guddaa qaba.

Hojii Pirojektii 2.1

1. Warshaalee yookiin dhaabbilee daldalaa yookiin dhaabbilee tajaajila hawaasaa kennan gareen daawwachuun gahee teeknooloojiin oomishtummaafi tajaajila isaanii saffisiisuu keessatti taphate daree keessatti waliif dhiyeessaa.
2. Oomisha qonnaa duriifi kan ammaa walbira qabuun jijjiirama jirurratti mari'achuun yaada keessan daree keessaniif ibsaa.

Teeknooloojiin, hojiiwwan garagaraa yeroo gabaabaa keessatti qulqullinaafi ariitiin hojjechuuf fayyada. Fakkeenyaaf;

- qonnaa hammayyeessuun oomisha guddisuuf
- dagaagina industiriitiif
- hojiiwwan ijaarsaatiif
- tajaajila qunnamtii hawaasummaatiif
- tajaajila geejjibaatiif
- kenniinsa barnootaatiifi kanneen kana fakkaatan keessatti bu'aa olaanaa qaba.

Gocha 2.3

- Gaheen qunnamtii odeeffannoo teeknooloojii dhaweessummaa dagaagsuu keessatti qabu maal fa'a?
- Faayidaalee teeknooloojiin barnoota yookiin biizinasii keessatti qabu ibsi.

2.3. Ittifayyadama Teekonooloojii Qunnamtii Odeeffannoo

Gahumsa yoo xiqqaate gonfatamuu qabu:

- teeknooloojiiwwan qunnamtii odeffannoo ijoo adda nibaafatta;
- amanamummaa maddoota odeeffannoofi ergaawwan miidiyaalee qunnamtiin darban nimadaalta;
- hojiilee biizinasii keessatti teeknooloojiitti nigargaaramta.

Gaaffii hubannoo

Namni hojii biizinasii irratti bobba'e tokko teeknooloojii qunnamtii odeffannoo gargaaramuun biizinasiin isaa caalaatti akka guddatuuf gorsa akkamii kennitaaf?

Teeknooloojiin qunnamtii odeeffannoo hojii biizinasii milkeessuu keessatti qooda olaanaa qaba. Kunis, toora intarneetii, televizyiinii, raadiyoofi kanneen kana fakaataniin oomishaafi tajaajla dhabbata tokkoo salphatti hawaasaaf biraan ga'uuf gargaara. Odeeffannoo toora miidiyaalee qunnamtii hawaasaatiin darban fayyadamuu keessatti qabxiilee asiin gadii xiyyeeffannoo keessa galchuun barbaachisaadha.

Odeeffannoo filachuu: odeeffannoo barbaachisan kanneen akka qorannoo gabaa, haala naannoofi karoora faayinaansii beekuuf gargaara.

Odeeffannoo argachuu: odeeffannoo barbaachisaa maddoota adda addaa kan akka kuusaawwan odeeffannoo toora intarneetii, maxxansaalee industiriifi gabaasa adda addaarraa akkamitti akka argatan beekuuf gargaara.

Odeeffannoo madaaluu: tooftaalee biizinasii bu'a qabeessa ta'an qopheessuuf amanamummaafi ergaa sirrii dabarsuu maddoota odeeffannoo beekuuf gargaara.

Odeeffannoo walsimsiisuufi hojiirra oolchuu: odeeffannoo maddoota hedduurraa walitti qabuun karoora biizinasii, tooftaa gabaa, tilmaama faayinaansii beekuuf gargaara.

Odeeffannoo daddabarsuu: odeeffannoowwan qooda fudhattootaafi maamiltootaaf daddabarsuuf oola.

Naamusa odeeffannoo: mirga kalaqaa kabajuu, maddoota eeruu, naamusaa dhaabbata biizinasii kabajuu, iftoominaafi ittigafatamummaan gargaaramuun murteessaadha.

Gocha 2.4

1. Dhaweessi tokko daldala yookiin biizinasii jalqabuuf yookiin babal'isuuf odeeffannootti gargaaramuun maaliif barbaachise?
2. Akkaataa miidiyaalee hawaasaa armaan gadii fayyadamuun oomisha tokko ittiin beeksisan ibsi.



Ergaawwan miidiyaalee adda addaatiin daddarban xiinxaluufi dhugummaa adda baasuun ittigargaaramuun barbaachisaadha. Kana hojiirrra oolchuufis qabxiilee asiin gadiirratti xiyyeeffachuun murteessadha.

Ergaa adda baafachuu: ergaawwan miidiyaalee kanneen akka barruulee, beeksisa, oduufi maxxansaalee miidiyaa hawaasaatiin daddarban adda baasuun barbaachisaadha.

Madda ilaaluufi madaaluu: amanamummaafi loogii madda miidiyichaa madaaluuf Seenduubeefi maqaa gaarii qabaachuu dhaabbatichaa beekuuf gargaara.

Qabiyyee xiinxaluu: qabiyyee ergaa miidiyichaa, afaan ittifayyadameefi mul'ata isaa qorachuudha. Tooftaan kun odeeffannichi hangam amansiisaa, hawwataafi ilaalcha dogoggoraa irraa bilisa ta'uu isaa adda baafachuuf gargaara.

Haala madaaluu: haala ergaan miidiyaa itti qindaa'eefi tamsa'e beekuudha.

Dhaggeeffattoota yookiin daawwattoota madaaluu: dhaggeeffattoonni yookiin daawwattoonni ergaa darberratti hiika yookiin duubdeebii akkamii akka kennan madaaluuf gargaara.

Loogiifi ilaalcha adda baasuu: ergaan darbu loogiifi ilaalcha dogoggoraa irraa bilisa ta'uu isaa adda baasuun barbaachisaadha.

Gocha 2.5

1. Hojii biizinasii keessatti ergaawwan miidiyaalee adda addaatiin daddarban xiinxaluun maaliif barbaachise?
2. Ergaawwan miidiyaan daddarban xiinxaluu keessatti madda odeeffannoo garagaraa walbira qabuun faayidaa maalii qaba?

BOQONNAA 3

DHAWEESSUMMAAFI BEEKUMSA XABBOO

Bu'aalee barachuu

Xumura boqonnaa kanaatti:

- yaadrimee beekumsa xabboofi biizinasii nihimta;
- gumaacha beekumsi xabboo dhaweessummaa keessatti qabu nihubatta;
- dhaweeyyii beekumsa xabboo gargaaramuun milkaa'aa nidinqisiifatta;
- amaloota dhaweeyyii beekumsa xabboo gargaaramuun milkaa'an ni ibsita;
- carraalee hojii dhaweessummaa aadaa sakatta'uun ittigargaaramta.

3.1 Beekumsa Xabboofi Hojii Biizinasii

Gahumsa barachuu yoo xiqqaate gonfatamuu qabu:

- yaadrimee beekumsa xabboofi hojii biizinasii nihimta.

Gaaffii hubannoo

- Fakkiileen asiin gadii maal agarsiisu?



DHAWEESSUMMAA AADAA

Beekumsi xabboo hubannoo, ogummaawwan, falaasamaafi muuxannoo hawaasni tokko yeroo dheeraa keessatti horateefi dhalootaa dhalootatti dabarsaa asiin gahe kan agarsiisudha. Beekumsi kun mala qonna aadaa, qoricha aadaa fayyadamuufi gochaalee aadaa, amantaafi duudhaa afaaniin darban darbaa dhufan kan hammatudha. Dhaweeyyiin beekumsa xabboo fayyadamuun daldala aadaan walqabateefi biizinasii milkaa'aa biroo uumachuu nidanda'u. Kunis gama tokkoon aadaalee jiran kunuunsuufi guddisuuf kan gargaaruu yoo ta'u, hawaasaafis akka bu'uura dinagdee ta'uun tajaajiluu danda'a.

Beekumsawwan xabboo biizinasii guddisuu danda'an keessaa hambaalee aadaa isa tokkodha. Kunis, hojiiwwan ogummaa harkaa, ogummaawwan aartiifi industiriilee aadaa biroo ofkeessatti hammata. Hambaalee kana gara biizinasiitti jijjiiruun madda galiif oolchuun nidanda'ama. Kana hojiirra oolchuuf oomishalee industirii aadaa keessatti hammatamanitti kalaqaafi sona dabaluun gara biizinasii olaanaatti jijjiiruun nidada'ama. Kanaafuu, kuufamoota aadaa naannootti argaman sakatta'uun kalaqaafi sona dabaluun gara biizinasiitti jijjiiruufi guddina dinagdeetiif oolchuun barbaachisaadha.

Mana Nyaata Aadaa Kumee

Kumeen ijoolummarraa eegaltee nyaata aadaa qopheessuuf fedhii guddaa qabdi ture. Kanarraa ka'uun magaalaa daldalaan beekamtu tokko keessatti buna jabanaa gurguruun hojii biizinasii eegalte. Sana booda, erga yeroo xiqqoo hojjattee, galii argattu qusachuun mana xiqqoo kireeffattee nyaata akka shiroo, killeefi paastaa hojjachuu jalqabde. Yeroo gabaabaa keessatti maamiloota hedduu horatte. Biizinasii ishees gara nyaata aadaa Oromootti guddisuun hojii ittifufte.

Haaluma kanaan, nyaata akka cuukkoo, burqumsaa, aancootee, cororsaafi kan biroo kalaqaafi sona dabaluun qopheessuu eegalte. Akkuma maamiltoota horachaa dhufteen nyaatawwan aadaa kanneen birootis dhiyeessuu ittifufte. Biizinasiin ishee namoota hedduu biratti beekamaafi jaalatamaa dhufe. Sana booda, cuukkoo xixiqqeessitee muruufi peestaaliin martee qopheessuun; nyaata akka cororsaa immoo hamma isaa hir'isuun dhiyeessite. Nyaatawwan birootis sadarkaafi hamma maamilli barbaaduun qopheessuu jalqabde.

Dhumarratti, biizinasiin ishee gaafa guddachaa dhufu namoota birootis qacartee hojjachiisuu eegalte. Boodarra, dhaabbata dhuunfaatti olguddisuun manneen daldalaa tokko tokkotti raabsuu jalqabde. Akkasumas, sagantaa garagaraa irrattis nyaata aadaa Oromoo dhiheessuufi aadichas barsiisuu ittifufte. Yeroo ammaa gara addunyaattis babal'isuuf hojjachaa jirti.

Gocha 3.1

1. Muuxannoo Kumee irraa maal baratte?
2. Hambaalee aadaa naannoo keessanitti argaman keessaa madda biizinasii ta'uun kanneen galii argamsiisuu danda'an tarreessaa.
3. Oomishaalee industirii aadaa keessaa kanneen kalaqaafi sona dabalataa barbaadan adda baasuun akkaataa caalatti bu'aa buusuu danda'anirratti ibsa kenni.

3.2 Amaloota Dhaweeyyii Aadaa

Gahumsa barachuu yoo xiqqaate gonfatamuu qabu:

- amaloota dhaweeyyiin aadaa ittiin beekaman adda nibaafatta.

Gaaffii hubannoo

- Dhaweeyyiin aadaa ogummaa, dandeettiifi amaloota akkamiin beekamu?

Dhaweeyyiin aadaa amaloota ittiin beekaman keessaa tokko kalaqa adda addaafi yaadaa haaraa maddisiisuun oomishalee yookiin tajaajiloota haalota bu'a-qa-beessa ta'een dhiyeessuudha. Kalaqni yaadota haaraa maddisiisuufi rakkooleefi carraawwan jiran adda baafachuun hojii haaraafi filatamaa fedhii maamiltootaa

guutu dhiheessuudha. Kunimmoo, gabaa keessatti dorgomaa akka ta'aniifi oomishalee yookiin tajaajiloota haaraa maamiltoota ittiin hawwaatan akka qabaatan isaan taasisa.

Dhaweeyyiin aadaa biizinasii hojjachuu keessatti safuu, duudhaafi sona aadichaatiif xiyyeeffannoo kennuun beekamu. Akkasumas, qabeenya aadaatti kalaqaafi sona dabaluun maamilootaaf dhiyeessuu keessatti aadaa hawaasichaa beeksiisuufi guddisuu irratti xiyyeeffatu. Kana malees, hirmaannaa dinagdee hawaasaa keessatti qooda fudhachuun beekamu.

Gocha 3.2

Dhaweeyyiin aadaa amala akkamii yoo qabaatan hambaalee aadaa gara biizinasiitti jijjiiruun dinagdee ofii fooyyeffachuu danda'u?

3.3 Faayidaalee Dhaweessummaa Aadaa

Gahumsa barachuu yoo xiqqaate gonfatamuu qabu:

- faayidaalee dhaweessummaan aadaa biizinasii dagaagsuu keessatti qabu ni ibsita;
- bu'aawwan aadaa naannoo keetitti argaman keessaa kanneen biizinasii hundeessuuf gargaaran adda nibaafatta.

Gaaffii hubannoo

- Dhaweessummaan aadaa biizinasii guddisuun maddiitti faaydaalee akkamii qaba jettee yaadda?

Dhaweessummaan aadaa kanneen asii gadii milkeessuu keessatti faayidaalee guddaa qaba.

a) Misoomaafi guddina dinagdee sissi'eessuu

Dhaweessummaan aadaa guddina diinagdee saffisiisuufi misooma guddisuu keessatti gahee guddaa qaba. Kunis, galii maddisiisuu, carraalee hojii uumuufi dinagdee si'eessuun guddina biyyaatiif utubaa ta'a. Biyyoonni guddatan baay'een hojiiwwan aadaa biizinasiitti fiduun ittimilkaa'aniiru. Fakkeenyaaf, Jappaan, Indiyaafi chaayinaan kuufamoota aadaa biizinasiitti jijjiiruun akka madda galii tokkotti fayyadamaniiru. Kana malees, gara gabaa addunyaatti beeksisuufi babal'isuun sharafa biyya alaa argachuu danda'anii jiru. Kanarraa ka'uun, aadaan mul'istuu eenyummaa qofa ta'urra darbee madda galii olaanaa akka ta'e agarsiisanii jiru.

b) Aadaa guddisuufi kalaqa gabbisuu

Gama aadaatiin, hawaasni tokko eenyummaa isaa akka ibsatuufi dagaagfatu godha. Hawaasni aadaa isaa calaqqisiisuufi oomishaalee beeksifachuuf kalaqa adda addaatti fayyadama. Kunimmoo, dandeettiin kalaqaa hawaasa keessatti akka dagaagu taasisa.

c) Hambaalee aadaa tursiisuufi dagaagsuu

Kaayyoowwan dhaweessummaa aadaa keessaa tokko hambaalee aadaa hojiiwwan biizinasii keessatti hammachiisuun akka hinbanne taasisuufi dagaagsuudha. Fakkeenyaaf, biizinasiin gurgurtaa bu'aalee ogummaa harkaarratti xiyyeeffatu tokko meeshaalee sana qofa osoo hintaane beekumsa ogummaa harkaa tursiisuu keessattis gahee guddaa taphata.

d) Dippiloomaasii aadaa cimsuu

Dhaweessummaan aadaa, aadaa naannoo cimsuufi aadaa garagaraa walitti fiduun hawaasaa gidduu walhubannoon akka jiraatu taasisa. Kunis, hawaasa gidduutti

riqicha ta'uun nagaafi obbolummaan akka guddatuuf daandii saaqa. Kunimmoo, walitti dhufeenya sabootaa cimsuufi aadaa walii akka baran gochuu keessatti gahee guddaa taphata.

Gocha 3.3

1. Dhaweessummaan aadaa dinagdee biyyaa guddisuu keessatti akkamiin gahee taphata?
2. Hambaalee aadaa kunuunsuufi eeguun dhaweeyyii aadaaf bu'aa akkamii qaba?
3. Akkaataa hojiiwwan aadaan naannoo keessanitti argama gara biizinasiitti dhufuu danda'u irratti mari'achuun calaqqee isaa dareef dhiyeessaa.

3.4 Dhaweessummaa Aadaafi Carraalee Hojii

Gahumsa barachuu yoo xiqqaate gonfatamuu qabu:

- carraalee hojii dhaweessummaa aadaa keessatti argaman adda nibaafatta;
- qabeenya aadaa naannootti argaman sakatta'uun gara biizinasiitti nijijjiirta.

Gaaffii Hubannoo

Naannoo keetitti biizinasin aadaa bu'uureffate maal fa'atu jira?

Naannoo keenya keessatti carraalee hojii dhaweeyyii aadaatiin hojjatamuu danda'an heddutu jiru. Carraaleen kunis kanneen akka: daldala nyaataa-fi dhugaatii aadaa, daldala meeshaalee aadaafi hojiiwwan ogummaa harkaa,

maxxansaalee dhimma aadaafi tajaajila turizimiin walqabatan ta'uu danda'u. Kana malees, kanneen akka aartii muuziqaa, hojii dizaayinii, agarsiisa faashinaa, fiilmiifi hojii beeksisaa fa'a nidabalata. Akka fakkeenyaatti; meeshaalee aadaa keessaa, nyaataa aadaafi uffata aadaan kan walqabatan muraasni asii gaditti dhiyaatanii jiru.

Meeshaalee aadaa kan jedhaman, meeshaalee hawaasni tokko karaa aadaatiin qopheessuun tajaajila adda addaatiif itti gargaaramaniidha. Kunis; meeshaalee dhugaatiifi nyaataa, meeshaalee hojii harkaa (hojii mukaa, suphee, gogaa, wayaa dhahufi kanneen kana fakkaatan), bobbocafi hambaalee aadaa biroo ta'uu danda'u. Kana malees, meeshaalee bareedinaa, qulqullinaafi tajaajila birootiif oolan hedduu hammata.

Kanaafuu, dilbii aadaa kanneen gara biizinasiitti jijjiiruun madda misooma dinagdeetiif akka oolan taasisuun nidanda'ama. Kana milkeessuuf, industiriilee aadaa teekinoolojiin deggaruun; hedduminafi qulqullinaan oomishuufi mallattoo beekamtii qabaachuun gabaa biyya keessaafi biyya alaatti dorgomaa akka ta'an gochuun murteessaadha. Akkasumas, wiirtuulee daldalaafi oomishalee industiriilee aadaa magaalaafi baadiyaa keessatti hundeessuun carraalee hojii babal'isuufi ittifufiinsa akka qabaatu taasisuun barbaachisaadha.

Kana milkeessuuf, industiriiwwan aadaa teekinoolojiin deggaruun barbaachisaadha. Oomishaalee hedduminaafi qulqullinaan oomishuun akkasumas, mallattoo beekamtii qabaachuun gabaa biyya keessaafi biyya alaatti dorgomaa taasisa. Wiirtuulee daldalaafi oomishalee industiriiwwan aadaa magaalaafi baadiyaa keessatti hundeessuun carraalee hojii nibabal'isa.

Hojii piroojektii 3.1

1. Naannoo keessanitti manneen meeshaaleen aadaafi ogummaa harkaa ittihojjataman yookiin ittigurguraman daawwachuun wantoota irraa hojjetamaniifi akaakuu isaanii irratti gabaasa dhiyeessaa.
2. Meeshaalee aadaa naannootti argamaniifi gara biizinasiitti jijjiiramuu danda'an maatii gaafachuun yookiin jila adda addaa irratti dhiyaatan ilaaluun akaakuu isaaniifi wanta irraa hojjetaman dareef ibsi.

a) Carraalee hojii uffata aadaan walqabatan

Uffanni aadaa Oromoo guddina dinagdee keessatti gahee olaanaa qaba. Kanaafuu, dhaweessummaa aadaa keessatti xiyyeeffannoo itti kennuufi sona ittidabaluun gara biizinasiitti jijjiiruun barbaachisaadha. Kun immoo, aadaa Oromoo caalatti beeksisuufi namootaafis carraalee hojii uumuuf gargaara. Akkasumas, oomishtootaafi kanneen ogummaa harkaa qaban nijajjabeessa.



Biizinasii Milkii

Milkiin mana daldalaa uffata aadaa xiqqoo tokko banatee hojii eegale. Yeroo muraasa erga hojjatee booda bu'aa maallaqaa argateen biizinaasii isaa guddisuuf kaka'umsa horate. Dabalataanis, yaada haaraafi kalaqa biizinasii aadaa keessatti dorgomaa isa taasisu xiinxale. Haaluma kanaan, uffata aadaa Oromoo bifa yuunifoormii barattootaafi hojjataata biroofis ta'uu danda'uun kalaqa ittidabalee dhiyeessuu yaade.

Kanarraa ka'uun, yeroo duraatiif saamuda qopheessee mana barumsaa tokkotti agarsiise. Manni barumsichaas qulullina qabaachuufi hawwataa ta'uu isaa mirkaneeffachuun barattootaafi maatii barattootaa mariisisuun hojiirra akka oolu taasise. Kunis, hojiin Milkii daran akka beekkamuufi manneen barnootaa biroofi dhaabbilee akka baankii, hoteelafi kanneen biroo keessatti akka barbaadamuu eegale.

Gocha 3.4

1. Biizinasiin Milkii daran akka beekamuufi babal'atuuf sababa kan ta'e maali?
2. Daldala Milkii irraa wanta barattan waliin mari'achuun daree keessaniif ibsa.
3. Akkuma Milkiin yaada haaraa burqisiisuun madda galii uummachuuf yaale, isinis hambaalee aadaa naannoo keessanitti argamu keessaa filachuun haala madda galii ta'uu ittiin danda'u irratti mari'achuun yaada keessan daree dhiyeessaa!

b) Carraalee hojii nyaata aadaan walqabatan

Nyaanni aadaa Oromoo marqaa, caccabsaa, ancootee, cororsaa, cumboo, sukkuummaa, marmaree, cuukkoo, micciirraa, burqumsaafi kanneen kana fakkaataniidha. Nyaata aadaa kanneen kalaqaafi sona ittidabaluun gara biizinasiitti jijjiiruun bu'aa barbaachisaa ta'e irraa argachuun nidanda'ama. Kunimmoo, aadaa caalatti beeksisuufi gabaa biyyaa keessaafi biyya alaatiif dhiyeessuun carraalee hojii babal'isuu keessatti gahee guddaa qaba.

Nyaata aadaa Oromoo

Hojii piroojektii 3.2

Naannoo keessanitti namoota hojii daldala nyaata aadaarratti bobba'an bira deemuun carraaleefi gufuuwwan biizinasii aadaa hojjachuurratti jiran gaafachuun dareef dhiyeessaa!

BOQONNAA 4

WALDHABDEE HIIKUU

Bu'aalee Barachuu

Xumura boqonnaa kanaatti:

- sababoota dhaweessumaa keessatti waldhabdee uuman ni ibsita;
- waldhabdee iddoo hojiitti uumamaniif furmaata nikennita;
- dhiibbaawwan waldhabdeen guddina biizinasirratti qaban nihubatta.
- tooftaalee hojjettoota dhaabbata biizinasii ittisissi'eessan nihubatta;
- dhaabbata biizinasii keessatti amala gaggeessummaa fakkeenya ta'uu dan-da'u nihoratta.

4.1. Waldhabdee Iddoo Hojiitti Uumaman

Gahumsa barachuu yoo xiqqaate gonfatamuu qabu:

- waldhabdee iddoo hojiitti uumamu danda'an addaan nibaafatta;
- dhiibbaawwan waldhabdee hojiirratti hojiitti fiduu danda'aan ni ibsita.

Gaaffii hubannoo

- Dhaabbata biizinasii tokko keessatti sababoonni waldhabdee maal fa'a ta'uu danda'u?

Hojii biizinasii tokko keessatti rakkooleen adda addaa uumamuu danda'u. Rakkoolee kanneen keessaa tokko waldhabdee bakka hojiitti uumamudha. Waldhabdeen kun garaagarummaa fedhii , amala,yaadaafi muuxannoo namootaa irraa ka'uun dhuunfaan yookiin garee gidduutti uumamuu kan danda'udha. Kunis; hojjettoota gidduutti, hoggansaafi hojjettoota gidduutti yookiin jaarmiyaafi maamiltoota gidduutti uumamuu danda'a. Waldhabdeef hojii biizinasii keessatti uumamaniif wantoonni sababa kan ta'an keessaa muraasni kanneen asiin gadiiti.

Dandeettii quunnamtii gadi aanaa ta'e qabaachuu: Biizinasii keessatti dandeettin quunnamtin gadi aanaa ta'e qabaachuun madda waldhabdee ta'uu nidanda'a. Iddoo hojiitti hojjettootaafi hoggantoota gidduu qunnamtiin gaarii ta'e jiraachuun waldhabdee hir'isuufi oomishtummaa guddisuu keessatti gahee olaanaa qaba.

Loogummaa: loogiin namoota sanyiin, kornayaan, umriin, gosaafi kanneen kana fakkaatan irratti hundaa'uun adda baasuun keessummeessuudha.

Tuttuqqaa: gocha hinbarbaachifne itti yaaduun nama dhuunfaa yookiin garee tokko irratti raawwachuudha. Kunis; aarsuu, sodaachisuu, miidhuufi kanneen kana fakkaataniin ibsama.

Ittiquufinsa hojii dhabuu: hojiitti gammaduu dhabuu yookiin hojiif yaada faallaa qabaachuudha. Kanaafis sababoota jiran keessaa muraasni; humnaa ol-hojjechuu, kafaltiin xiqqaachuu, sadarkaa guddinaa dhabuu, amalli hogganaa gaarii ta'uu dhabuu, onnachiiftuun dhabamuufi kanneen kana fakkaatan fa'a.

Hamii: waa'ee nama tokkoo yookiin garee tokkoo karaa sirrii hintaaneen

qaama biraatiif dabarsuudha. Hamiin hamilee, amanamummaa, kabajaafi hariiroo miidhuun raawwii hojii gadi bu'aa ta'e galmeessisuuf sababa ta'uu danda'a.

Akkasumas, hanqinni dhiheessii meeshaalee, maallaqaa, dorgommii gabaa, dorgommii qacarrii hojjettootaa waldhabdeef sababoota ta'uu danda'u. Dabalataanis, iftoomina dhabuu hojjettootaa, ilaalcha hojjeettoonni dhaabbatichaaf qaban, gaheefi itti gaafatamummaa fudhachuu dhabuu hojjettootaa, seeraafi dambiiwwan dhaabbatichaa hojiirra oolchuu dhabuu, dirqama waliigaltee kabajuu dhabuu, tarkaanfiiwwan dhaabbaticha keessatti fudhataman seeraafi dambiiwwan waliin walsimachuu dhabuufi kanneen kana fakkaatan waldhabdeef sababoota ta'u.

Gocha 4.1

1. Sababoota waldhabdee hojii biizinasii uumamuu danda'an tarreessi.
2. Waldhabdeen hojii biizinasii irratti miidhaa akkamii fida?

4.2. Tooftaalee Waldhabdeen Ittiin Hiikamu

Gahumsa barachuu yoo xiqqaate gonfatamuu qabu:

- tooftaalee waldhabdee biizinasii keessatti mudatan hiikuuf oolan adda nibaafatta;
- waldhabdee hojii biizinasiikeessatti uumamu danda'u nihiikta.

Gaaffii hubannoo

Tooftaaleen waldhabdee hojii biizinasii keessatti uumaman ittiin hiikamuu danda'an maal fa'a?

Dhaweessuummaa keessatti waldhabdeen; oomishitummaa hir'isuu, jijjiirraa hojjettootaa dabaluu, hariiroo hojjettoota gidduu jiru gadi aanaa akka ta'u taasisuu, dandeettii kalqaa hir'isuufi kanneen kana fakkaatanidha.

Waldhabdee karaa nagaatiin hiikuun milkaa'ina dhaabbatichaatiif barbaachisaadha. Kanaafis dandeettiiwwan rakkoo hiikuuf oolan kanneen akka xinxaluu, qorachuu, murtee kennuufi kanneen kana fakkaatan qabaachuun murteessaadha.

Caaltuufi Tulluu

Caaltuufi Tulluun hundeessitoota dhaabbata teeknooloojii moobaayiloonni itti gurguramaniifi itti suppamaniiti. Ji'oota hedduuf waliigaluun hojjechaa turan. Haata'u malee, yeroo dhiyoo keessa walitti bu'iinsi isaan gidduutti uumamee jira. Caaltuun, hooggantuu teeknikaa yoo taatu, Tulluun immoo hoogganaa dhiyeessii gabaati. Caaltuun maamiltootaaf gatiin moobayilaa haala barbaachisuufi gatii bu'aa argamsiisuu danda'uun dhihaachaa akka hinjirre adda baaste. Kanaafis, gatii moobayilli ittiin gurguramaa jiru ilaalchisee Tulluuf gaaffii dhiyeessite. Gama birootiin, Tulluun gaheen Caaltuu dhimma teeknikaa malee waa'een gatii dhiheessii moobayilaa miti jechuun yaada isheetiif deebii kennuuf fedhii akka hinqabaanne ibseef. Haala kana keessatti waliigaluu waan hindandeenyeef, walitti bu'iinsi gidduu isaaniitti uumame.

Gocha 4.2

1. Waldhabdee Caaltuufi Tulluu gidduutti uumame akkamitti hiikuun danda'ama?
2. Caaluufi Tulluun waliigaluuf maal gochuu qabu ture?

Barattoota daree keessatti akka Caaltuufi Tulluu ta'uun gahee akka taphatan taasisaa. Namni tokko akka araarsaa/situu ta'uun waldhabdee uumameef akka furmaata kennu/nnitu taasisaa. Barattoonni hafan immoo akkaataa waldhabdeen kun itti furame akka madaalaniifi xumura irratti sirreeffama ta'uu qabu ilaalchisee yaad-deebii akka kennan taasisaa.

Tooftaalee adda addaa fayyadamuun waldhabdee hojii biizinasii keessatti uumamuu malan hiikuun nidanda'ama. Isaan keessaa muraasni kanneen asiin gaditti dhiyaataniidha.

Qunnamtii iftoomina qabu taasisuu: hojjettoota dhaabbatichaa, maamiltootaafi qooda fudhattoota gidduutti quunnamtiin iftoominaafi amanamaa ta'e akka jiraatu gochuun murteessaadha.

Xiyyeeffannoon dhaggeeffachuu: yaada hojjettootaa, maamiltootaafi dhimmamtootaaf xiyyeeffannoo kennuun dhaggeeffachuun barbaachisadha. Kunis yaada isaanitiif kabaja kennuu agarsiisa.

Dandeettii murtee kennuu qabaachuu: waldhabdee hojii biizinasii keessatti uumamu hiikuuf dandeettii rakkoo adda baasuu, deebiiwwan kennaman xiinxaluu, odeeffannoo dabalataa walitti qabuu, gadfageenyaan yaaduufi filannoowwan adda addaa kaa'uu kan barbaaduudha.

Rakkoo waliin hiikuu: qaamoleen waldhaban waliin ta'uun waldhabdee uumame hiikuudha.

Araarsaa/situu fayyadamuu: waldhabdee uumame loogii tokko malee hiikuuf, qaama sadaffaa rakkoo uumame ilaaluun araarsu fayyadamuun filatamaadha. Qaamni sadaffaan kunis nama dandeettii miira namoota walitti

bu'anii tasgabbeessuu danda'uufi waliigaltee irraa akka gahan qajeelchuu danda'u ta'uu qaba.

Sababa waldhabdeef ka'umsa ta'ee irratti xiyyeeffachuu: namoota waldhaban irratti xiyyeeffachuurra, sababa waldhabdeef ka'umsa ta'erratti xiyyeeffachuun barbaachisaadha.

Gocha 4.2

1. Waldhabdee dhaabbata biizinasii tokko keessatti uumamuuf araarsaa/situu fayyadamuun maaliif barbaachise?
2. Naannoo keessan keessatti waldhabdeen hojjettoota gidduutti uumamu akkamitti hiikkaama?
3. Miidhaa waldhabdeen dhaabbata biizinasii tokkoorraan ga'uu danda'u maal fa'a?
4. Naannoo keessan keessatti dhaabbata hojii oomishittummaa irratti hirmaatu waldhabdee biiziinasii keessatti uumamuufi adeemsa ittiin furamurratti gaafachuun gabaasa daree keessaniif gabaasaa dhiyeessaa.

4.3. Hojjettoota Sissi'eessuu

Gahumsa barachuu yoo xiqqaate gonfatamuu qabu:

- tooftaalee hojii biizinasii keessatti hojjettoota sissi'eessuuf gargaaran ni ibsita;
- faayidaalee beekamtii kennuufi oonnachiisuun qabu ni ibsita.

Gaaffilee hubannoo

1. Malootatin hojjettoota dhaabbata tokkoo sissi'eessuuf oolan maal fa'a?
2. Dhaabbata biizinasii keessatti hojjettoota sissi'eessuun faayidaa akkamii qaba?

Dhaweessumaa keessatti hojjettoota sissi'eessuun hojii kalaqaafi oomishtummaa guddisuuf murteessaadha. Maloonni hojjettoota sissi'eessuuf oolan keessaa muraasni kanneen asiin gadiiti.

Beekamtii kennuufi dinqisiifachuu: bu'aafi gumaacha hojjettootaatiif yeroo yeroon beekamtii kennuu, dinqisiifachuu, jajjabeessuufi badhaasuun milkaa'ina dhaabbatichaatiif murteessaadha.

Leenjii ogummaa dabalataa kennuu: hojjettoonni dandeettii, beekumsaafi ogummaa isaanii caalatti akka fooyyeeffataniif leenjii hojiirraa kennuun barbaachisaadha.

Sadarkaa guddinaa kennuu: hojjettoota bu'aa hojii gaarii argamsiisaniif carraa sadarkaa guddinaa kennuun hojjettoonni miira dorgommii akka uuman taasisa.

Ga'umsaan hogganuu: hojjettootaaf fakkeenya ta'uun amanamummaafi itti dhiyeenyaan hogganuun si'aa'ina hojjettootaa waan dabaluuf dammaqinaan hojiirratti akka hirmaatan taasisa. Akkasumas, hojjettoota adeemsa murtii kennuu keessatti hirmaachisuunis filatamaadha.

Madaallii hojiirraa taasisuu: hojjettoonni hojiif xiyyeeffannaa akka kennaniifi fooyya'iinsa akka taasisaniif madaalliin hojiirraa walsimataa ta'e taasifamuu qaba.

Yaad-deebii ijaarsaa kennuu: hojjettoonni raawwii hojii akka fooyyeeffataniif yaada ijaarsaafi qajeelfama hojii barbaachisaa ta'e kennuun murteessaadha.

Gocha 4.3

Dhaabbata hojii oomishittummaa irratti bobba'e tokko bira deemuun akkaataa hojjettoota dhaabbatichaa itti sissi'eessan gaafachuun daree keessaniif gabaasaa.

4.4. Fakkeenya Ta'uun Gaggeessuu

Gahumsa barachuu yoo xiqqaate gonfatamuu qabu:

- faayidaalee fakkeenyummaan gaggeessuun qabu nihimta.

Gaaffii hubannoo

- Dhaabbata biizinasii tokko keessatti hojjettootaaf fakkeenya ta'uun gaggeessuun faayidaa akkamii qaba?

Hoggansi dhaabbata kamiyyuu keessatti fakkeenya ta'uun gaggeessuun irraa eegama. Amaloonni hoggansa fakkeenyummaa muraasni kanneen asiin gadi ofkeessatti hammata.

- gahumsaan hogganuu
- mul'ata qabaachuu
- amala gaarii qabaachuu
- hirmaachisaa ta'uu
- hojjettootaaf yaaduu

- raawwii hojii olaanaa galmeessisuu
- amanamummaafi murtee sirrii ta'e kennuu fa'a.

Hojii Piroojektii 4.1

Gareen ta'uun gahee hojii hogganaa, barreessaafi miseensotaa jechuun waliif qooda. Rakkoolee hawaasa naannoo keessanii keessatti argamuu danda'an kanneen akka rakkoo qulqullina naannoo, dhiqama biyyee, rakkoo hanqina bishaanii, rakkoo daandiifi kanneen kana fakkaatan adda baasaa. Rakkoolee adda baastan keessaa xiyyeeffannoo oolaanaa kan barbaadu tokko filadhaa. Kan filattaniif, haala raawwii isaa ilaalchisee karoora hojii qopheessaa. Karoora keessan keessatti gahee hojii, akkaataa itti raawawtamu, leecalloo barbaachisanifi yeroo itti raawwatamuufi itti xumuramu ibsaa. Milkaa'ina hojii keessaniitiif, qaamolee bulchiinsaafi dhimmamtoota dubbisuun barbaachisaa ta'aniifi deeggarsa barbaachisuu isiniif gochuu danda'an kamiyyuu mariisisuufi hubachiisuun barbaachisaadha.

Hojii pirojeektii keessaniif akkaataa hojii hojjettanii itti xumurtan ilaalchisee gabaasaa qopheessaa. Gabaasa keessan keessatti, gahee hojii waliif qooddan haala barbaadamuun gahee bahuufi bahuu dhabuu, haala rakkoolee isin muudateef furmaata kennitan, waldhabdee uumame akkaataa itti hiiktaniifi kanneen kana fakkaatan hammachiisaa.

Dhaabbata tokko keessatti fakkeenyummaan gaggeessuun faayidaawwan hedduu qaba. Isaan keessaa muraasni kanneen asiin gadiiti.

- ofitti amanamummaa hoggansaafi hojjettootaa nidabala.
- hojjeettoonni hojiif kaka'umsaafi fedhii olaanaa akka qabaatan taasisa.
- hojjeettoota gidduutti hariiroon gaariin akka uumamu taasisa.
- hojiiwwan karoorfaman galma akka gahaniifi bu'aa gaariin akka argamu taasisuuf kanneen kana fakkaatan fa'a.

Biizinasii Soorettii

Soorettiin hundeessituufi hoggantuu Dhaabbata Hojii Mukaa Waliigalaati. Dhaabbanni kun hojjettoota ogummaafi gahee hojii adda addaa qaban hedduu ofkeessaa qaba. Akkasumas, qulqullina hojii isaatiin beekamaafi maamiltoota hedduu horachuu danda'eera.

Soorettiin karoora pirojeektii qopheessuunis hojjettoota dhaabbatichaatiif ibsuun beekamti. Hojjettoonni hundi gaheefi itti gaafatamummaa isaanii akka hubatan taasifti. Akkasumas, adeemsa hojii itti dhiyeenyaan hordofti.

Soorettiin milkaa'ina dhabbatichaatiif ittigaafatamummaa guutuu nama fudhattuudha. Akkasumas, qabeenya ramaduu, yeroo hojii kabajuufi akka hinqiisaasofne gochuu, gufuuwwan dhaabbaticha muudachuu danda'an dursitee adda baasuufi hojiif kakka'umsa guddaa qabdi. Soorettiin hojjettoota raawwii hojii bu'aa gaarii argamsiisaniif badhaasa qopheessuun kenniti.

Waldhabdeen hojjettoota gidduutti yoo uumame, sababa rakkoo adda baasuun tooftaalee adda addaa fayyadamuun furmaanni akka kennamu taasisti. Hawaasa naannoo hirmaachisuunis nibeekamti. Maamiltootaafi dhaabbilee

biroo adda addaa waliinis hariiroo cimaa qabdi. Kanarraa ka'uun, dhaabbanni kun bu'aa qabeessaafi beekamaa ta'uu danda'eera.

Dhaabbata kana keessatti, Baacaan too'ataa oomishaa yoo ta'u, Gammadaan immoo ogeessa maashina mukamuruuti. Gammadaan darbee darbee waan barfatuuf Baacaan yeroo hedduu gorsa kennuufis jijjiirama fiduu hindandeenye. Kanarraa kan ka'e gidduu isaanitti waldhabdeen uumame. Baacaan rakkoo kana Soorettiif gabaasuun furmaanni akka itti kennamu gaafate. Soorettiinis waa'ee barfannaa Gammadaa ilaalchisee odeeffannoo dabalataa walitti qabuun mirkaneeffatte. Gammdaa waliinis marii taasisuun akeekkachiisa afaanii kenniteef.



Gocha 4.4

1. Soorettiin waldhabdee uumame hiikuuf tarsiimoo akkamii fayyadamte?
2. Waldhabdee tokko hiikuuf odeeffannoo dabalataa hojjettota biroo irraa walitti qabuun maaliif barbaachise?
3. Soorettiin dhaabbata kana keessatti fakkeenya ta'uun gaggeessitee jirti? Maaliif?
4. Soorettiin hojjettoota dhaabbatichaa sissi'eessuun maaliif barbaachise?

BOQONNAA 5

PIROOJEEKTII QOPHEESSUU

Bu'aalee Barachuu Boqonnichaa

Xumura boqonnaa kanaatti:

- hubannoo piroojeektii biizinasii irratti qabdu nigabbifatta;
- adeemsa qophii piroojeektii biizinasii keessatti qabiyyeewwan jiran adda nibaasta;
- biizinasii adda addaatiif piroojeektii niqopheessita.

5.1. Piroojeektii Biizinasii

Gahumsa yoo xiqqaate gonfatamuu qabu:

- maalummaa piroojeektii biizinesii nihimta;

Gaaffii hubannoo

Piroojeektiin biizinasii maali?

Piroojeektiin biizinasii karoora hojiin biizinasii tokko galma yaadame bira ittiin gahamudha. Kunis, adeemsa mataa isaa kan qabu ta'ee, dhuunfaan yookiin gareen qophaa'uu danda'a. Piroojeektiin kunis biizinasii hojii keessa jiru cimsuuf yookiin biizinasii haaraa eegaluuf kan qophaa'udha.

Piroojeektiin hojii daldalaa, ijaarsaa, horsiisa beelladaa, oomisha midhaaniifi dhugaatiifi kanneen kana fakkaataniif qophaa'a. Qophii piroojeektii biizinasiitiif baajatni barbaachisu, humni namaa barbaachisuufi meeshaaleen barbaachisan gosa biizinasichaa yookiin tajaajilichaa irratti hundaa'a. Piroojeektiin biizinasii yeroo adda addaa qophaa'uu danda'a. Akka fakkeenyaatti:

- hojii biizinasii bifa haaraan eegaluuf;
- hariiroo dhaabbilee daldalaa biroo waliinuumuuf;
- yemmuu dhaabbilee mootummaafi mitimootummaa irraa deeggarsa barbaadaniifi
- yemmuu jijjiiramni haala bulchiinsa biizinasii irratti taasifamu qophaa'uu danda'a.

Gocha 5.1

1. Proojeektiin biizinasii hojii akkamiitiif qophaa'a?
2. Piroojeektiin biizinasii yeroo akkamii qophaa'a?

5.2 Barbaachisummaa Piroojeektii Biizinasii

Gahumsa yoo xiqqaate gonfatamuu qabu:

- barbaachisummaa piroojeektii biizinasii ni ibsita.

Gaaffilee hubannoo

- Piroojeektii biizinasii qopheessuun maaliif barbaachisa?

Piroojeektii biizinesii qopheessuun faayidaalee adda addaa qaba. Isaan keessaa muraasni:

- hojiiwwan ijoo biizinasicha keessatti xiyyeeffannoo barbaadan adda baasuuf;
- raawwii hojii madaalaa deemuuf;
- hanqinaaleefi ciminoota hojiirratti uumaman adda baasuuf;
- madda baajataa, humna namaafi meeshaalee barbaachisan adda baasuuf;
- hidhata gabaa, raawwii bittaafi gurgurtaa adda baasuuf;
- gufuuwwan uumamuu danda'aniifi tooftaalee to'annaa adda baasuufi
- odeeffannoo haala waliigala gabaa argachuufidha.;

Hojii biizinasii eegaluun dura haala naannoo, gabaa, bulchiinsa, humna namaafi dhimmoota meeshaalee waliin walqabatu mijaawaa ta'uu isaa adda baasuun barbaachisaadha. Kunis milkaa'ina biizinasichaatiif gahee olaanaa qaba.

Gocha 5.2

1. Akaakuu hojii biizinasii hojjechuu barbaaddu keessaa tokko filachuun wantoota barbaachisaniifi hawaasaaf bu'aa inni qabu ibsi.
2. Piroojeektii biizinasii osoo hinqopheessiin hojii eegaluun miidhaa akkamii qaba?

5.3 Qabiyyee Piroojeektii Biizinasii

Gahumsa yoo xiqqaate gonfatamuu qabu:

- Qabiyyeewwan piroojeektiin biizinasii keessatti hammataman nihimta;
- Qabiyyeewwan piroojeektii biizinasii duraa duuba eeguun ni tarreessita.

Gaaffii hubannoo

- Qabiyyeewwan piroojeektii biizinasii keessatti hammataman maal fa'a ta'uu danda'u?

Qabiyyeen piroojeektii biizinasii akkuma bal'inaafi dhiphina bizinasichaatti bal'achuus ta'ee dhiphachuu danda'a.

Qabiyyee	Ibsa Qabiyyee
Fuula uwwisaa	gosa hojii biizinasichaa, maqaa dhaabbataa biizinasichaa, bakka hojii biizinasichaafi bara karoorfame ofkeessatti hammata.
Ibsa waliigalaa	kaayyoo biizinasichaa, sababa filatameef akkasumas bu'aa inni argamsiisuu danda'u ibsa
Haala dhaabbataa	Eessatti akka hundaa'e, maaliif akka hundaa'ee, bu'aa qabeessummaa isaafi toora xiyyeeffannoo isaa ibsa.
Haala oomis-haa	Gosa oomishaa, baay'ina oomisha argamuufi akkaataa itti oomishamu ibsa.
Xiinxala haala gabaa	Barbaadaamummaa oomishaa, akkaataa oomishichi qaama bitatu bira itti gahu, galii oomishichaan argamuufi baasiiwwan barbaachisan akkasumas bu'aa qulqulluu argamuu danda'u hammata.
Xiinxala dor-gommii gabaa	Naannoo oomishichaatti baay'ina dorgomtoota hojii walfak-kaataa hojjetanii, hanqinaaleen dorgomtoota bira jiru ibsuufi akkaataa ittiin foyyessuun dorgomaa ta'uun danda'amu ibsuu ofkeessatti hammata.
Ciminaafi yaaddoo	Ciminoota hojii kana ilaalchisee duraan jiran, gufuuwwan fuulduratti hojiirratti uumamuu danda'aniifi furmaata isaanii ka'uu hammata.
Baajata	Maddi baajataa eessa akka ta'eefi hojicha eegaluuf baajata hammamii akka barbaachisu akkasumas maal maaliif akka barbaachisu ofkeessatti hammata.
Guduunfaa	Akka waliigalaatti mataduree biizinasichaa irraa ka'uun; kaayyoon, adeemsi hojiifi bu'aa qabeessummaan isaa bakka itti ibsamudha.

Piroojektii 5.1

1. **N**aannoo keessanitti dhaabbata biizinasii oomishtummaan yookiin tajaajila kennuun beekamu bira deemuun yookiin qaama dhimmi ilaallatu gaafachuun piroojeektiin biizinasii maal maal akka ofkeessatti qabatu gaafadhaa. Qabiyyee piroojeektichaa irratti yaada keessan qindeeffachuun hiriyoota keessaniif dareetti ibsaa.
2. Gareen ta'uun pirojektii biizinasii tokko hojjachuun dhiyeessaa. Pirojektiin kun hojii galii keessoo mana barumsaa guddisuu yookiin hojii dhuunfaan yookiin garee ganda keessan keessatti hojjatamuu danda'u ta'uu qaba.

Piroojektii Oomisha Killee

Dhaabbata Oomisha Killee Mul'ata Boruu

Bara _____

1. Ibsa waliigalaa

Magaalli odaa haala qilleensa gaarii waan qabduuf bakka namoonni baay'een keessa jiraataniifi daldalli ho'aan keessatti gaggeeffamudha. Bakka kanatti killeen mana nama dhuunfaatti, hoteelattiifi suuqiiwwan irratti baay'ee kan barbaadamu ta'uyyuu dhiyeessiin isaa gahaa miti. Biizinasiin oomisha killee yeroo gabaabaatti bu'aa olaanaa kan fiduu danda'uu, hojiin isaa bakka bal'aa kan hinbarbaanne akkasumas humnaa fi meeshaa baay'ee kan hinbarbaanne waan ta'eef bakka kanatti yoo hojjetame bu'a qabeessummaan isaa olaanaadha.

2. Haala dhaabbatichaa

Maqaa Daldalaa: Oomisha killee Mul'ata Boruu

Caasaa Seeraa: Dhaabbata dhuunfaa

Bakka: Naannoo Oromiyaa aanaa Mijuu bulchiinsa magaala Odaa

Ergama: Ummata bulchiinsa magaala Odaafi naannoo jiraniif killee qulqullina olaanaa qabu, gatii madaalawaa ta'een dhiyeessuudha.

Oomishni killee kun akka salphaatti gara suuqiifi hoteelotaatti akkasumas manneen nyaataa magaalicha keessatti argamuuf dhiyaachuu waan danda'uuf rakkisaa hinta'u. Dhiyeessiin magaalicha keessa jirus baay'ee xiqqaa waan ta'eef killeen osoo hinhalaayiin gurgurtaaf ooluu danda'a.

3. Haala oomishaa

Magaala odaa keessa dhaabbanni daldalaa nyaata lukkuu dhiyeessu waan jiruuf qulqullina killee eegsisuun hinrakkisu. Jalqabbii iraatti lukkuulee killee buusan 50 bituun yoo jalqabame nyaata gahaa waan argattuuf giddu galaan

guyyaatti killee 40 buusuu danda'u. Haala kanaan ji'atti killee 1200, waggaatti killee 14,600 buusuu danda'u. Akka carraa lukkuulee sababa dhibeen hir'atan yoo jiraatan battalumatti bakka akka bu'u. Eegumsa fayyaa lukkuuleeiifis ogeeyyota horsiisa beelladaa waliin mariifi hariiroon hojii uumamee jira.

4. Xiinxala haala gabaa

Gandi Odaa uummaata 10,000niin ol ta'an ofkeessatti hammatee kan jiruufi dal-dala ho'aa kan qabu waan ta'eef bakka hawaasni bal'aan tajaajila gara garaa itti barbaadudha. Bakka kanatti dhaabbanni killee oomishu bakka tokko qofa jira. Dhiyeessiin kun immoo mana jireenyaatti, suuqiitti akkasumas mana nyaataa xixiqqaa hanga hoteelotaatti waan barbaadamuuf gahaa miti. Kanaafuu bakka kanatti oomisha killeetiin hojii biizinasii hojjechuun bu'aa qabeessa nama taasisa.

Guyyaatti killeen 40n qarshii 8n yoo gurgurame galiin isaa 320 ta'a. Ji'atti giddu galaan qarshii 320x30 = 9,600 ta'a. Gama birootiin ji'atti giddu galaan nyaata lukkuuleefi humna namaa deeggarsa kennuuf qarshiin 4000 barbaada. Haala kanaanis bu'aan qulqulluu ji'aa qarshii 9,600-4000 = 5,600 ta'a.

5. Xiinxala dorgommii gabaa

Magaala odaa keessa dhiyeessiin oomisha lukkuu bakka tokko qofa waan jiruuf dhiyeessii oomisha killee irratti dorgomaa biroo hinjiru. Kanumti jiru sunuu qulqullinni isaa guutummaan kan eegameefi suuqiiwwaniifi mana nyaataa irra deemee kan rabsuu miti. Gatiin gurgurtaa isaas qarshii 10 ta'uun isaa gatii magaalota biroon yoo walbira qabamu olka'aadha. Dhaabbanni mul'ata boruu

kun oomishuu qofaa osoo hintaane haala qulqullinni isaa eegameen suuqiiwwaniifi mana nyaataarra deemee gatii duraan gurguramuun gaditti qarshii 8tiin yoo dhiyeesse caalaatti bu'aa qabeessa ta'uu danda'a. Adeemsi kunis baay'inni killee caalatti kan karoorfameen olitti akka barbaadamu gochuu danda'a. Barbaadamummaa killee irratti hundaa'uun lukkuuleen dabalataa bitamaa kan deemaniifi adeemsa kanaan biizinasichi guddachaa kan deemu ta'a.

6. Xiinxala ciminaafi yaaddoo

Gaggeessaan dhaabbata oomisha killee kun muuxannoo lukkuu horsiisuu kan qabuufi kosii lukkuulee kana oomisha biqiltuuf oolchaa kan ture waan ta'eef cimina kana qabatee kan itti fufu ta'a. Akka yaaddootti dhibeen lukkuufi qaalahiinsi gabaa uumamuu danda'a. Dhibee waliin kan walqabatu furuuf ogeessa eegumsa fayyaa beelladoota waliin ta'uun furaamaanni kan itti kennamaa deemu ta'a. Rakkoo qaalahiinsa gabaa to'achuuf akkasumas lukkuulee bakka bu'aa deemaniif baajatni eegumsaa kan ramadamu ta'a.

7. Baajata

Baajatni barbaachisu qarshii 75,000 yoo ta'u maddi isaas liqii maayikiroo faayinaansii irraa argamuun ta'a. Ramaddii baajatichaa keessattis:

- ijaarsi mana lukkuulee qarshii 30,000;
- bittaan lukkuulee 50 qarshii 40,000
- bittaan meeshaalee dhiyeessii nyaata lukkuulee qarshii 5,000 barbaada.

8. Guduunfaa

Piroojeektiin oomisha killee kun kan filatameef bulchiinsa magaalaa odaa keessatti hanqinni dhiyeessii killee waan jiruuf akkasumas yeroo gabaabaa keessatti bu'aa kan argamsiisu waan ta'eefidha. Akka piroojeektii kanaatti waggaatti giddu galaan bu'aan qulqulluu qarshii 67,200tu argama. Yommuu baay'inni lukkuulee dabalaa deemutti baay'inni killeefi bu'aan isaas walumaan dabalaa kan deemu ta'a.

Hojjii piroojektii 5.2

Naannoo keetitti hojii biizinasii hojjatamuu danda'u filachuun saamuda piroojeektii qoqheeffatu. Haaluma qopheeffatteen mana barumsaa keessatti yookiin ganda keessan keessatti hojiirra oolchi.